Waa'ee fayyinaa

Seensa

Oromifa

"Fayyinnis Yesuus Kirstoos duwwaadhaan malee kan biraatiin tokko illee hin jiru Maqaan kan biraan ittiin fayyuun kan nuuf ta'u waaqa jalaa ilmaan namootaaf kan kenname hin jiru jedhe. Hojji. Eer 4:12"

Ji'a kana keessatti kan nutti fudhannee gara abbaa keenyaa isa Waaqa irra jirutti kan dhiyaannu waa'ee fayyisuu isa karaa Kirstoos nuuf kennamee ti. Galataan fuula isaa duratti dhiyaanna. Akkuma ofii fayyine immoo namoota hin fayyiniif kadhachuutu nurra jira. Waaqayyo abbaan keenya akka inni ija isaanii bauee laphee isaanii saaqee fayyisuu Gooftaa irratti of kennanii amananiif soda fi gidiraa adda addaa keessaa ba'anii akka isaan Waaqayyotti amananiif kadhachuutuu nuraa eegama.

Deebii Waaqayyo gaaffoo cubbuu keenyaatiif nuuf kenne karaa fayyisuu Kirstoosiin nuuf deebi'e hojiin du'uu Kirstoos immoo cubbuu adabuu dha. Yesuus du'uu isaatiin nu bite dhiisuu lubbuus nu argachiise. Yakka keenya irraas bilisa nu baase.

Akkuma Phawulos "nufayyise" jedhee labsetti kan inni nu fayyise tolummaa keenyaan miti. Araara isaa irraan kan ta'e dha malee. Inni cubbuu keenya nurraa dhiqe. Dhaloota haaraa nu godhe. Akka nutti hafuura qulqulluudhaan lammataa dhalannu nu godhe. (Titos 3:4-6) kun kennaa dinqisiisaa attamii ti! Kennaa jaalala kana hiryyonni keessanis akka isaan argataniif haffeeraa! Kanas ollaa keessaniif, firoota keessaniif namoota karaa kana irra hinjiree hundumaaf akka kennitan lakka karaa kan itti agarsiiftan hata'u. akka namni gooftaa hin qabne hundumaa qalbii isaa jijjirratee gara Waaqayyootti akka deebi'uuf kadhachuu.

Sanas ta'ee Waaqayyo amma iyyuu fayyisuu isaa hin dhaabne. Walitti dhufeenya keenya isaa wajjin akka addaan kuunu inni hin barbaadu. Tolummaa isaa jireenya keenya keessatti iddoo qabatee jira. Nuti yeroo tokko tokko fayyina keenya iddoo biraatii eeganna. Macaafnni Qulqulluun garuu ayyaanni Waaqayyoo akkasumaan akka nu fayyisaa jiru nutti hima. Waaqayyo akka jiraannuuf fayyina nuuf kenneera tola. Tito 2:11-14

Maqaan Yesus waan nu hidhee jiru nurraa cabsuuf humna guddaa qaba. Laphee keenya cabsnee isatti ha dhiyaannu malee isaaf abboomamuudhaan isa keessatti ha ijaaramnu malee. Fayyisuun isaa immoo jireenya keenya keenya keessatti ha dhagala'u. rakkoo qabnu ofii keenyaa baachuu dhiifnee isuma irratti ha gannu. Gara isa nu fayyisee jireenya nuuf kenneetti haadeebinu. Jireenya keenya foonii fi hafuuraa isatti kennachuutu nuuf ta'a.

"Gooftaan jiraataa dha. Isa kattaa fayyinaa nuuf ta'e nigalateeffanna! Waaqayyoo keenya isa fayyina keenya ta'e ni jajanna. Far 18:46"

TWR ABDI DUBARTOOTAAF

TWR Women of Hope Africa • P O Box 4232, Kempton Park, 1620, South Africa • +27 11 974 2886 • info@twrwomenofhopeafrica.org • twrwomenofhopeafrica.org

Waliin haa kadhanuu! ji'a Muddee 2012/2019

1. Yaa Waaqayyo namoota sitti hin amanin jiran sagantaa Radio Abdii dubartoota kana dhaggeeffachuun akka isaan gara keetti deebi'annif laphee isaanii banii Maqa Yesuusin Amiin.	**2.** Waaqayyo garee kadhata kan Seriba keessatti haanaa ta'ee eegalameef si galateefanna. Akkuma kanas sagantaan tamsaasa Radio abdii dubartootaa biyya kanatti akka jalqabuuf yaa Waaqayyo si kadhanna. Maqa Yesuusin Amiin.	**3.** Yaa Waaqayyo biyya Albeeniyaa keessati kan jalqabame, diraamaan "miidhaa dhokataa" jedhu akka dubartoota miidhaa isaan irra ga'aa jiru irraa fayyisuuf ati sagantaa kana eebbisi. Maqa Yesuusin Amiin.
4. Waaqayyo dubartoonni biyya Filand keessa jiraatan sagantaa tajaajila abdii dubartootaa irratti akka himaataniif laphee isaanii kakaasi. Maqa Yesuusin Amiin.	**5.** Yaa Waaqayyo humna wangeelaatti akka nuti hin yeellofnneef akkuma Phawulos Rom 1:16 irratti dubbate utuu hin yeela'in akka dhugaa baanuuf nu gargaari. Maqa Yesuusin Amiin.	**6.** Waaqayyo amantoonni biyya Ukraine keessa jiraatan warra dubbii hindhaga'initti akka labsaniif hafuurri kee laphee isaanii akka kakaasuuf ati isaanitti dubbadhu. Maqa Yesuusin Amiin.
7. Yaa Waaqayyo dubartoonni biyya Serlia rakkoo isaanii ilaaluu irraa akka isaan gara kee ilaalaniif ija isaanii gara keetti deebisi. Maqa Yesuusin Amiin.	**8.** Dubartoonni biyya Afirka akka isaan si duwwaa akka tajaajilaniif, abboommii kee irratti akka hundaa'anii siqata Waaqayyoo isaanii godhataniif isaan jijjiiri. Maqa Yesuusin Amiin.	**9.** Yaa Waaqayyo namoonni biyya France keessa jiraatan akka isaan gara keetti deebi'aniif ati laphee isaanii akka jijjiirtuuf sikadhanna rakkoo karaa uumamaa irra ga'een karaa daariitti kufanii warri gaddanii ati isaaniit qaqqabiif. Maqa Yesuusin Amiin.
10. Yaa Waaqayyo dubartoonni biyya Norway qabeenyaa duuka figuu irraa deebi'anii akka isaan siduuka bu'aniif laphee isaanii gara keetti deebis. Dubartoota sirraa gara biyya lafaatti deebi'anis gara mana keetti deebis. Maqa Yesuusin Amiin.	**11.** Yaa Waaqayyo dubartooni biyya Tamil baadiyyaa keessa jiraatan xibaartotatti amananii joonja'aa jiru waan ta'eef karaa du'aa kana irraa isaan deebis ija isaanii isa jaamee si walaale kana ati baniif. Maqa Yesuusin Amiin.	**12.** Yaa Waaqayyo gareen kadhataa kan abdii dubartootaa biyya German keessatti akka dabalamuuf si kadhanna. Namoota galtoota ta'anii biyya sana keessa jiraataniifis dubbii kee akka dhugaa ba'uu dandaniif gargaari! Maqa Yesuusin Amiin.
13. Akkuma Efe 2:8-9 barreefamee jiru fayyuun keenya ayyaanuma isaatiin ta'uu isaa namoonni akka amananiif, karaa Kirstoosiin fayyina akkasumaan akka nuuf ta'e akka baraniif laphee namootaa bani! Maqaa Yesusiin Sikadhanna.	**14.** Yaa Waaqayyo walitti dhufeenya gaarii amantootii Korea kibba keessa jiran koolu galtoota Korea kaabaa akka waliin walitti dhufenya gaarii akka hortan Waaqayyo laphee isaanii akka jijjiirtu si kaadhanna.	**15.** Yaa Waaqayyo namoota jireenya Keenya ilaalanii sitti amananiif si galateefana amantii immoo laphee isaanii keessatti ati uumi si kadhanna maqaa Yesuusiin Amiin.
16. Yaa Waaqayyo dhiirris dubartiinis uumama haaraa karaa keetiin akka ta'aniif sagalee kee irratti hundaa'un si kadhanna. Nuti fayyuun keenya ayyaana keetiin malee tolummaa keenya miti kanaafuu nu haaressi. Qoro 5:17 Maqa Yesuusin Amiin.	**17.** Yaa Waaqayyo namoota biyya Finland keessaa hiika jireenyaa walaalanii barbaadanif ati mul'adhu! Akka isaan si barbaaddatan, akkasumas immoo warra amananati cimina keenniif,akka dubbii keetti akka isaan jriaatan gargaari. maqaa Yesuusiin Amiin.	**18.** Yaa Waaqayyo akka ati sagantaa abdii dubartoota raio kanaatti fayyadamtee namoota hedduu karaa dhugaatti fidaa jirtuuf sitti gammanna! Amma iyyuu ittuma fufii hojii kee hojjedhu. maqaa Yesuusiin Amiin.
19. Yaa Waaqayyo dubartoota biyya Romania jiraniif hubannaa dubbii keetii kenniif. Sagalee radio abdii dubartootaa yammuu hordofan akka isaan laphee isaaniitti qabatanii hojii irra oolchan gargaari. maqaa Yesuusiin Amiin.	**20.** Yaa Waaqayyo namoota adda addaa biyya Seweden keessatti si amananii siduka bu'aa jiran jabeessi. Biyyuma sana keessatti immoo gareen kadhataa abdii dubartootaa jiru akka jabaatuuf humna kenniif. maqaa Yesuusiin Amiin.	**21.** Yaa Waaqayyo Dhiirrii dubartooti hundi jireen bara baraa karaa Kirstoosiin dhufu kana akka argataniif akka dubbii kee keessatti barreeffamee jirutti haa fayyaniif ati gargaari. maqaa Yesuusiin Amiin.
22. Yaa Waaqayyo waggaa dhalachuu ilma keetii kanatti iji keenya gara kee ilaala! Ammas warra fayyisuu kee kana hin arginitti of mul'isi. maqaa Yesuusiin Amiin.	**23.** Yaa Waaqayyo obboloota keenya isilamoota biyya Geram keessa jiraatan akka fayyisuu kee hubataniif dhaggeeffatoota radio abdii dubartootaa laphee isaanii banii. maqaa Yesuusiin Amiin.	**24.** Yaa Waaqayyo dubartoonni Africa keessa sitti maxxananii siqofa wajjin akka jiraataniif si kadhanna. Waan isaan sodaachisu irraa akka addaan baaftuuf si kadhanna maqaa Yesuusiin. Amiin.
25. Yaa Waaqayoo akkuma Yoh.14:6 irratti barreeffamee jiru karaan fi dhugaan karaa Yesusiin duwwaa akka ta'e naoonni akka hubataniif si kadhanna. Maqaa Yesuusiin Amiin.	**26.** Fayyini karaa ilma Yesuusiin qofa ta'uu isaa H.E 4:12 irratti hundaa'uun si kadhana waan isaan sodaachisu irraa addaan ba'anii namooti ha fayyan maqaa Yesussin. Amiin.	**27.** Yaa Waaqayyo dubartoonni biyya Swtherland keessa jiraatan mucaan isaanii ulfa baasuu irra da'anii guddiffachuu akka danda'aniif laphee isaanii keessatti hafuura kee dhangalaasi ati maqaa Yesusiin. Amiin.
28. Yaa Waaqayyoo waa'ee warra biyya Portual keessaa dubbii dhaggeeftaa jiran sigalateeffanna! Ija isaanii immoo baniif jireenya isaanii keessatti akka siarganiif. Maqaa Yesusiin Amiin.	**29.** Yaa Waaqayyo akkuma dubbiin kee jedhu Farf. 62:2 irratti ati qophaa kee kattaa keenya nutis sitti baqannee ni oolla! Kanaafis hin sodaannu ulfaadhu. Maqaa Yesuusiin Amiin.	**30.** Ya Waaqayyo amantoota biyya German keessa amantii isaanii dhiisanii boodatti deebi'an akka gara keetti deebiftuuf si kadhanna ati isaan deebisi. Maqaa Yesuusiin Amiin.
31. Yaa Waaqayyo ati namoota dhiiras ta'e dubartoonni karaa fayyisuu kee isa ati ilmaan namootaaf kennite akka baraniif ija isaanii bani. Maqaa Yesusiin Amiin.		